**DOI: https://doi.org/10.20372/jdq.v2i2.1015**
**ISSN: 2521-8336 (Print) and 3005-7647 (Online)**
**Jornaalii Dilbii Qorannoo**
**Jor. Dilbii, Adoolessaa-Mudde 2024, 2(2): 78-107**
**Fuula Manaa: https://journals.wgu.edu.et**

Qorannoo Asilii

# Akkaataa Raawwii Tapha Ijoollee Oromoo Maccaa

Hundumaa Dabalii[1*], Taddasaa Jaallataa[2*], Waaqtolaa Waaqjiraa[3*]

Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo, Yuunvarsiitii Wallaggaa, L.S.P. 395, Naqamtee, Itoophiyaa

**Axereraa**

*Kaayyoon qorannoo kanaa akkaataa raawwii tapha ijoollee xiinxaluudha. Ijoolleen haalota taphoonni keessatti taphatamaniifi hojii qooda itti fudhatan waliin walqabsiisanii raawwilee adda addaa akkaataa gargaraan raawwachaa taphatu. Qorannoon kunis, ijoolleen taphoota taphatan keessatti akkamitti akka hirmaatan, garee yookaan dhuunfaan ta'uu, gareen taphaa akkamitti akka ijaaramu, raawwilee akkam akkamii akka raawwataman, tapha akkamitti akka jalqaban, akkamitti akka adeemsisaniifi xumuran qo'achuun hiika raawwileefi adeemsota kanaa qorachuurratti fuuleffata. Qorannoon kun bu'uura yaadxinoota: tajaajilaa, galumsaafi ijaarsa hawaasummaatiin adeemsifame. Ragaaleen qorannichaas aanaalee Giddaa Ayyaanaa, Gachii, Najjoo, Waayyuu Tuqaafi Jimmaa Gannatiitii ijoollee, maatii ijoolleefi barsiisotarraa sassaabame. Qorannichi ragaalee ijoolleerraa bakka hojii adda addaa hojjetanitti (horii tiksan, midhaan eegan, mana eegan, barumsa baratan), bakkeen taphaa adda addaatti (laga daakaa, dirree kubbaa, naannoo qe'eetti) fi yeroo ga'eeyyii waliin dabarsanitti (galgala galgala maatii keessattifi mana barumsaatti barsiisota waliin) sassaabameen geggeeffame. Kunis daawwannaa, afgaaffiifi marii garee hirmaachisaatiini. Xiinxalliin ragaalees, taphoonni ijoollee gareefi dhuunfaan taphatan akka jiran, gareen taphaa filannoon ta'ee carraatiin, akka walitti dhiheenya ijoolleettifi fedhii/filannoo nama taphicha jalqabsiisee fa'iin akka ijaaramuu danda'u agarsiisa. Kana malees, tapha keessatti hirmaachuufi jalqabuuf ka'umsifi sababni garagaraa akka jiru, taphoota adda addaa keessatti ijoolleen raawwilee adda addaa akkaataa adda addaa raawwachaa akka taphataniifi taphoonni sababa garagaraarraan kanka'e akkaataa gargaraan akka xumura argatus niagarsiisa.*

**Article Information**

**Article History:**
Received: 21-03-2024
Revised: 15-08-2024
Accepted: 20-11-2024

***Jechoota Ijoo:*** *akkaataa, ijoollee, raawwii, tapha*

**Qorataa Muummee: Hundumaa Dabalii*

*E-mail: hundumao@gmail.com*

Copyright@2024 Jornaalii JDQ, Yuunivarsiitii Wallaggaa. Mirgi Eegamaadha.

**Seensa**

Ijoolleefi ijoollummaan akka dhimma qorannootti yaadrimee baroota as dhihoo mul'ataa dhufedha. Akka ogeeyyii seenaa tokko tokkootti waa'een ijoollummaa akka sadarkaa jireenyaa adda ba'ee jiruutti hanga jaarraa 16ffaatti hinbeekamu ture (Norozi & Moen, 2016). Hayyuun ogbarruu Zohar Shavit jedhamtu yaadrimee ijoolleefi ijoollummaa jedhamu hanga jarraa 18ffaatti waan hinbeekamneef ogbarruun ijoollees hinturre jetti (Shavit 1989). Ergasii garuu ijoolleefi ijoollummaan bifa adda addaan ibsamaafi hubatama as ga'eera.

Eenyummaa ijoollee ibsuudhaaf ibsoota kennaman keessaa tokko isa umrii akka ulaagaatti gargaaramuudha. Kunis, ijoollee gartuu daangaa umrii murtaa'e tokko keessa jiraniifi daangaa sana keessatti guddinaan sadarkaafi bilchina wayii kan qaban taasisee kan ilaaluudha (Plastow, 2015). Ibsi kan biraan isa gama xiinsammuun jiruufi ijoolleefi ijoollummaa guddina ijoollee waliin walqabsiisee ilaaluudha (Prout & James, 1997*)*. Akka hubannoo kanaattii, daa'imni adeemsa guddina uumaamaa (natural growth) keessa darbuun ga'eessummaarra geessi. Ijoolleen akka gartuu aadaa tokkootti ijoollummaanimmoo aadaa yookaan barsiifata gartuun ijoollee jedhaman waliin qooddatan qaban ta'uunis nihubatama (Grider, 1980). Qoratoonni fookloorii ijoolleefi ijoollummaa bifa adda addaan ibsu: akka gartuu of danda'aatti barnootni alidilee ijoolleen waliisaaniirraa bifa aadaan argatan fookloorii ijoollee (children's folklore), qo'annoo ijoollee (children's lore) yookaan qo'annoo daa'imaa (childlore) jedhanii waamu. Fooklooriin ijoollee ijoolleen kalaqamee kan ijoolleen waliin qooddatan yookaan gargaaramaniidha. Kanarraa karaa adda ta'een ga'eeyyiinis ijoolleef fookloorii qopheessuu nidanda'u. Kunimmoo fookloorii ijoolleef qophaa'eedha (Hundumaafi kanneen biroo, 2023).

Qorannoon fookloorii ijoollee biyyoota dhihaa (keessumaa Ameerikaa Kaabaafi Ingilizii) inni ijoollee qofaatti baasee ilaaluun kan Afrikaa isa jireenya ijoolleen guyyuu hawaasa isaanii keessatti jiraatan waliin walqabsiisee ilaalurraa garaagarummaa qaba (Bronner 1988; Tucker 2008). Haala qabatamaa Afrikaa keessatti ijoolleen hirmaannaa fookloorii keessatti taasisan keessatti ga'eeyyii waliin walitti dhufeenya uumuun beekumsa irraa fudhatu (Finnegan 1967, Tadesse 2011, 2014).

Taphni ijoolleen gochaalee adda addaa miseensonni taphaa keesatti qooda fudhatan of keessaa qaba. Gochaalee kanarratti hundaa'uun taphoonni akkaataa taphaa adda addaa qaba. Kunis, akkaataa jalqabbii, adeemsaafi xumuraa, akkasumas gareefi

dhuunfaan adeemsifamuu ilaallata. Akka Mwenda (2011) irratti eerametti taphni ijoollee raawwiilee gocha qaamaa bashannansiisaa ta'eefi seeraa ifatti beekamuufi keessa beekettiin fudhatamuun kan hogganamuudha. Taphoonni kunneenis tapha bifa dorgommiifi dorgommii hinqabnetti qoodamu. Sutton-Smith fi kanneen biroos (1995) taphni gocha dorgommii taphattootni seerarratti hundaa'uun keessatti wal dorgomaniidha jechuun hiiku.

Taphni amala, kaayyoo, adeemsaafi gochaalee of keessaa qaburratti hundaa'uun qoodamuuf yaaliin taasifameera. Dorson (1972), akkuma aartii, afaaniifi amantii taphnis dhimma walxaxaa ta'eefi hiika kennuufiin nama rakkisu ta'uu eeree addatti amala ofiisaatii akka qabu barreesseera. Tokkoffaa taphni fedhiirratti kan hundaa'uudha (voluntary). Kanaaf akka Dorson (1972)tti, namni tokko tapha kan jalqabu sababa namni biraan utuu taphatuu argeef yookaan akka nama gammachiisu yookaan bashannansiisuu waan hubateef ta'a. Bu'aa addaa irraa argachuuf yookaan namni dirqisiisee tapha keessa namni seenu hinjiru. Akka Dorson'tti amalli taphaa inni kan biraan immoo, kaka'umsa keessoo guuttachuuf haala qabatamaarraa yeroofi bakka adda ba'etti adeemsifamuu isaati. Ijoolleen yeroo taphatan adduunyaa taphaa sana keessa turu. Dorson hojiisaa kana keessatti tapha akka lamaan ilaala; bifa dorgommii kan hinqabneefi bashannansiisuuf kan oolu (play)fi kan bifa dorgommiin yoo xiqqaate namoota lama gidduutti taasifamu (game). Walumaagalatti, tapha bifa dorgommiis ta'e bifa dorgommii hinqabne xiinxaluuf gosoota afur kaa'eera. Gosoota taphaa kanas amaloota, adeemsotafi kaayyoolee taphoonni of keessaa qabanirratti hundaa'uun adda baase.

Gosti inni jalqabaa, taphoota amala dorgommii of keessaa hinqabne ta'anii bifa diraamaafi akkeessaan kan adeemsifamaniidha. As keessatti hirmaatonni qooda isaanii kenname taphatu. Kaayyoon taphoota kanaa ga'ee hawaasummaafi gochaalee ilma namaa akkeessuudha. Fakkeenyaaf tapha abbaa manaafi haadha manaafaa keessatti amalli kun nimul'ata. Taphoonni kunniin amala akkeessaa malee amala dorgommii cimaa waan hinqabneef baay'inaan daa'immaan xixxiqqoo mana barumsaa hingalin jiraniin taphatama. Bifuma walfakkaatuun Smith (2010) gosa taphaa kana tapha il-yaadaa yookaan akkeessaa (fantasy or pretend play) jechuun moggaasuun taphoonni kun wantoota, gochaalee yookaan dubbiilee karaa fuullee/kallattii hintaaneen fayyadamuun beekamu jedha. Gosti tapha kanaa inni guddaan tapha diraamaa hawaasaati (socio-dramatic play). Taphni kun nama tokkoo ol kan hirmaachisuufi ga'ee yookaan qooda nama

kanbiroo fudhachuun agarsiisuu/taphachuu kan of keessaa qabuudha (Smith 2010).

Gosti inni lammataa taphoota bifa dorgommii kan ilaallatu ta'ee taphichi seera mataa isaa kan ittiin hogganamu qabaata. Seeronni kunis adeemsa taphichaa keessatti eenyu akka mo'ateefi mo'ame murteessuu kaayyefatu. Gosa kana keessatti dandeettiifi ga'umsa qaamaatu xiyyeeffannoo qabaata. Taphataa fiigichaan, ari'ee qabuun yookaan karaa darbaa dhorkachuun yookaan ittisuun ga'umsaafi cimina agarsiisetu mo'ata. Smith (2010) gamasaatiin gosa taphaa kana tapha gochaalee qaamaa (physical activity play) jechuun waama. Taphni kun qaama murtaa'aa ta'e tokko qofaan kan taphatamu utuu hintaane sochii qaama waliigalaa kan barbaaduudha. As keessatti dorgommiin tokkoo tokkoo taphattootaa gidduu, garee taphattootaa gidduu yookaan taphataa tokkoofi garee taphattootaa gidduutti kan adeemsifamu ta'ee taphataan tokkoo taphattoota waliin taphatu yookaan taphataan tokko garee waliin dorgomu yookaan gareen tokko garee kan biraa kan itti mo'achuu danda'uudha.

Gosti inni sadaffaanis amala dorgommii kan qabu ta'ee dhokachuu/dhoksuufi barbaadanii qabuu kan of keessaa qabuudha. Inni dhokatu yookaan dhoksu tarsiimoo isa yookaan meeshaa isaa miliqsuu/argamuu dhowwu tolfata. Garee faallaan immoo nama yookaan wanta dhokate sanarra tarsiimoo isaan geessisuu danda'u uummatu. Kana keessatti wanti baay'ee barbaachisaan tarsiimoo taphicha mo'uu keessatti nama milkeessuu baafachuu danda'uudha. Gosti inni dhumaa taphoota tilmaammiifi carraa of keessa qaban kan ilaallatuudha. Fakkeenyaaf, lakkoofsi yookaan hangi wanta harka gaafataa keessatti qabamee jiruu guutuu yookaan qara (even or odd) akka deebisaan tilmaamu tapha gaafatu keessatti deebisan carraalee jiran lamaan keessaa yaala jechuudha. Kanaafuu gosti taphaa kun gosa bu'aan taphichaa carraan argamuuti.

Kanneen kanaa olitti dabalataan Smith (2010) gosoota tapha ijoollee: tapha walitti dhiheenya hawaasaa (social contingency play), tapha qaam-miiraa (sensorimotor play), tapha wantootaa (object play)fi tapha afaanii (language play) jedhaman adda baaseera. Taphni walitti dhiheenya hawaasaa tapha ga'eeyyiin yookaan ijoolleen fuula ofii aguuggatanii yookaan dhoksanii mul'isuun kan taphatamu ta'ee amala namni tokko agarsiisuurraa miira qooda fudhattootni horataniin yookaan akkeessuun kan bashannansiisuudha. Taphni kun ga'eeyyiifi ijoolleen yookaan ijoolleen walii isaanii gidduutti taphatamuu danda'a. Taphni qaam-miiraa jedhamu akka Smith (2010)tti, ijoolleen

umrii naannoo waggaa lamaa jiraniifi warreen sadarkaa Piaget yeroo qaam-miiraa (sensorimotor) jedhee qoode keessa jiraniin kan taphatamuudha. Kunis tapha ijoolleen wantoota yookaan qaama ofii isaanii fayyadamuun miir- dhageettii inni uumuun taphataniidha. Fakkeenyaaf wantoota keessaa bishaan yookaan qilleensa olxuuxuu yookaan gad afuufuu, wantoota jajjaboo: mukeen yookaan dhagaa walitti buusuu/reebuufi wantoota walitti fufiinsaan gadi harcaasuu/roobsuu fa'i.

Taphni wantootaa yeroo qaam-miiraa erga darbanii booda ijoolleen wantootatti gargaaramuun taphoota hedduu taphachuu danda'u. Taphoonni kun irra jireessi isaanii ijaarsa waliin walqabatu. Fakkeenyaaf mukkeeniifi dhagaa fayyadamuun manaafi dallaa ijaaruu, suphee fayyadamuun meeshaalee adda addaa hojjechuufaa ta'uu danda'a. Taphni afaanii immoo kan ijoolleen sagalee olfudhatanii wacuu/iyyuun, birsagaalee, jechootaafi gaaleewwan waamuun taphataniidha. Kunis bifa faaruu, walaloofi irra deddeebii fa'iin ta'uu danda'a.

Karaa gama biratiin, Dafaan bara 1974 ALItti aadaa tapha ijoollee wallaggaa yeroo isaan taphatamaniin qoqqoodee barreesse. Kana malees, luba Dafaan taphoota akkeessaan taphatamanis akka gosa kanbiraatti eera. Kanaaf taphni yeroo yookaan waqtii taphatamuun, akkaataa/adeemsa taphichaa, raawwii/gocha taphicha keessatti raawwatuufi dandeettii/ga'umsa barbaachisuun akka qoqqoodamu hubachuun nidanda'ama. Qorannoon kunis akkaataatti ijoolleen Oromoo Maccaa haalota adda addaa keessatti taphoota taphatan qorachuurratti fuuleffate. Kana jechuun, gareen yookaan dhuunfaan taphachuusaanii, yoo gareen kan taphatan ta'e eenyufaa waliin akka garee uumaniifi akkamitti garichi akka ijaaramu, akkasumas gochaalee/raawwilee tapha taphatan keessatti raawwatan, taphicha akkamitti akka jalqaban, adeemsisaniifi xumuran agarsiisuurratti fuuleffta. Dabalataanis hiika akkaataan raawwii kun qabus adda baasuunis qaama qorannichaati.

**Malleen Qorannichaa**

Qorannoon kun akeeka Brewer (2000) tiin akkaataa raawwii tapha ijoollee qorachuuf, tapha akka qaama jiruufi jireenya isaaniitti yoomessa dhugaa keeessatti kallattiin yemmuusaan taphatan itti hirmaachaa ragaa sassaabbachuun kan adeemsifame waan ta'eef, qorannoo sanyaabsaati. Dhihaannaa isaatiin immoo, akkamtaadha. sassaabbii ragaaleef qorataan dirree qorannoo keessa ji'a sadi tureera. Turtiin kunis naamusa qorannoo eeguun yeroo hawaasa naannoo qorannichaa (qaama bulchiinsaa, maatii ijoollee,

hoggantoota manneen barnootaa, barsiisotaafi ijoollee) waliin walbaruufi eyyama ragaa funaanuu argachuuf, akkasumas, yeroo ragaalee funaanuufi mirkaneeffachuu dabalata. Kunis, qorataan ragaalee qorannichaa keessoon (insider perspective) hubachuun akka xiinxaluuf isa gargaareera.

Maddi ragaalee qorannichaa madda ragaa tokkoffaadha. Isaanis, ijoollee, maatii ijoollee (firoota, warteessuu dabalatee)fi maanguddootadha. Qorataan akka bakka sassaabbii ijootti aanaalee sadii (Giddaa Ayyaanaa, Gachiifi Najjoo)fi akka bakka funaansa ragaalee dabalataafi guutiinsaattimmoo aanaalee lamaa (Jimmaa Gannatiifi Waayyuu Tuqaa) gargaarameera. Tokkoo tokkoo aanaalee akka bakkeen ijootti fayyadame sadan keessaa maatiiwwan shan, shan, warreen akka bakkeen ragaalee dabalataafi guutiinsaatti fudhate lamaan keessaammoo maatiiwwan lama lama waliigalaan maatiiwwan 19 filachuun galgala galgalaafi yeroo boqonnaa tapha ijoolleen ga'eeyyii waliin taphatan daawwachuun ragaa irraa sassaabbatee jira. Aanaalee shanan keessaa ijoollee 184 (shamarran 68, dhiira 116) irraa maatii keessatti, bakkeen taphaafi hojii adda addaatti ragaa funaannatee jira. Ijoolleen shamarranii irra calaa hojii mana keessaatti waan qabamaniifi, baay'inaan bakkeen tapha adda addaatti utuu taphatanii kan argaman ijoollee dhiiraa waan ta'aniif baay'inni iddattoo shamarraniifi dhiira walcaalisee fudhadhe. Tooftaan iddatteessuu iddattoowwan kun ittiin filataman akkayyoodha. Bakkeen sassaabbii ragaalees tooftaa akkaayyootiinin filadhe.

Daawwannaan tooftaa ragaa funaansa ijoo qorannoo kanaati. Irra caalaan ragaalee qorannichaa daawwannaa qorataan tapha ijoolleen galgala galgala bakka ga'eeyyiin jiranitti, bakkeen hojiifi taphaa adda addaa taphatanitti taasiserraa funaannate. As keessaatti waa'ee raawwilee tapha keessatti raawwatamaniifi hiikasaanii, adeemsa taphaafi hirmaattotaa wantoota ifa isaaf hintaanefi ibsa/ragaa dabalataa itti barbaadu argachuuf qorataan afgaaffiitti dhimma ba'eera. Kana malees, ilaalcha, fedhii, hubannoo ijoolleefi ga'eeyyiin tapha taphatamaa jiruufi akkaataa taphichaarratti qaban adda baasuuf afgaaffii fayyadame. Bifa waliigalaan raawwiifi akkaataa raawwii taphaa wantoota daangessanii barsiisota, maatiifi maanguddoota marii garee xiyyeeffatan sassaabbate.

Qorataan ragaalee rag-himtootarraa argaman fudhachuuf malleen galmeessa ragaalee: yaadannoo dirree fudhachuu, waraabbii sagalee, suursagaleefi suuraa kaasuutti dhimma ba'eera. Ragaalee guyyaa yookaan galgala tokko bifa sagalee, suursagalee

yookaan suuraaleen fudhataman utuu hintursin guyyuma sana barreeffamatti deebisaa deemaa ture. Kunis wantoota dubbatamaniifi gochaa raawwataman barreeffamatti deebisuu dabalata. Adeemsa kana keessatti wantoota dabalataa yaadannoo dirreerratti qabates walbira qabuun ittiin jabeessaa deemeera.

Ragaalee sagaleefi suursagaleen waraabaman irra deddeebiin dhaabaa dhaggeeffachuufi suuraaleefi yaadannoo dirree waliin walbira qabuun ilaalaa hubachuun barreeffamatti jijjiire. Xiinxallii ragaalee yaadxina bu'uureffataarratti hundaa'uun geggeesse. Kunis adeemsa sassaabbii keessatti guyyaa jalqabaarraa jalqabee, ragaalee bifa dubbiifi gochaan mul'atan galmeessaa, ibsaafi hiika itti kennaa deemurraa jalqabee ragaalee irra deddeebiin erga dubbisee booda walitti fiduun ijoowwan (themes) adda baase. Ijoowwan kana rag-himtoota muraasa waliin mari'achuun sirrummaa isaanii mirkaneesse. Ijoowwan kanarraammoo yaadrimee adda addaa bu'uuresse. Xumurarratti yaadireewwan kana mata duree adda addaatti qooduun akkaataa raawwii tapha ijoollee agarsiise.

**Dhiheessaafi Xiinxala Ragaalee**

Haalotaafi yoomessi ijoolleen jireenya guyyaa guyyaa keessatti geggeessan taphoota adda addaa akkasaan taphatan isaan taasisa. Taphoonni kunniinimmoo akkaataa taphaa ofii ofiisaaniitiin adeemsifamu. Ijoolleen qofa qofaatti yookaan gareen taphachuu danda'u. Taphoonni tokko tokko raawwii qaamaatiin taphatamu; tokko tokkommoo dubbiin yookaan bifa faaruu fa'iin taphatamu. Taphoonni biroonimmoo meeshaalee taphaatti gargaaramuun taphatamu. Kana malees, taphni ijoollee akkaataa itti jalqabamuufi xumuramu qabaachuunis nibeekama.

**Taphoota Qofaa Taphataman**

Ijoolleen akkuma walii isaaniifi ga'eeyyii waliin yeroo dabarsuufi hojjechuuf carraa qaban qofaa isaaniis haalli itti turaniifi hojii hojjetan ni jira. Haalli kunimmoo yeroo baay'ee ijoollee naannoo qe'ee turaniifi qe'eerraa fagaatanii hojii hojjetan mudata. Daawwannaawwan turtii dirreelee qorannoo keessatti taasiseefi mariilee garee taasiserraa qorataan akka hubatetti, naannoo qe'ee kan turan ijoollee xixiqqoo qe'eerraa fagaatanii hojjechuuf hingeenyee (umrii 5 gadii)fi ijoollee shamarraniiti. Qe'eerraa fagaatanii qofaasaanii kanneen hojii hojjetanimmoo yeroo baay'ee ijoollee dhiiraa umriifi qaamaan jabaataniidha (umrii 8 ol). Taphoonni qofaa taphataman gochaalee dhuunfaa isaaniitti raawwataman kanneen of keessaa qabaniifi faaruulee ta'anii dorgommii kanneen of keessaa hinqabneedha.

**A. Buddeen Tolchuu**

Ijoolleen xixiqqoon fagaatanii deemuu waan hindandeenyeef naannoma qe'ee oolu. Mana yookaan daa'imman isaanii gadii eegaa oolu. Mana keessa yookaan ollaa ijoolleen akkasaanii yoo hinjiraanneefi ga'eeyyiin hojiitti waan bobba'anii qofaasaanii keesssa oolu. Oolmaasaanii callisanii taa'anii hindabarsan; nitaphatu. Ragaan daawwannaan argadhe taphni ijoolleen xixiqqoon kun taphatan irra caalaansaanii gochaalee mana keessaafi naannootti argaman kan akkeessan ta'uu agarsiisa. Kana keessaa buddeen tolchuun isa tokkodha. Tapha kana yeroo baay'ee ijoollee durbaatu taphata. Magaalaa Gachii mana Obbo Kadir Nuurhuseenitti turtiin taasise keessatti gaafa 23/06/2013 mucaansaanii Walabummaan (umrii 5) waaree booda buddeen tolchaa utuu taphattuu daawwadheera. Walabummaan meeshaalee buddeen tolchuuf ishee barbaachisan hunda qopheeffattee itti gargaaramaa turte. Biyyoo bishaaniin bukeessitee bukoo qopheeffatte. Qiraacii cabaa akka eeleetti qopheeffatte dhagaa xixiqqoo sadii akka sumsumaatti dhaabdee irra kaa'atte. Sumsumman sana gidduummoo hanxaxii xixiqqoo akka qoraanitti nam'antu jiru. Achii booda, bukoo sana eelee abiddarra kaa'ametti naqxee kaartoonii citaa tokko akka gombsituutti itti qadaadde. Erga qadaaddee booda gadi jettee akka nama abidda afuufuu bobeessuuf afuufaa turte. Achii booda maqaa wayii wawwaamtee "kottaa nyaati qophaa'eraa" jette. Erga waamtee booda "seenaa, taa'aa" jettee muka ciccitaafi dhagaa jajjabaa sadii akka namaatti tarreessitee keesse. Sana booda waraqaa wayii harka tokkoon akka nama harka namaa jala qabuutti qabaa harka tokkoonimmoo burcuqqoo pilaastikii cabduu tokkoon akka bishaan buusuu gootee "harka dhiqadhaa" jette. Erga dhiqatanii booda kaartoonii ciccitaa tokkorra nyaata keessee dhiheessite.

Tapha kana keessatti Walabummaan meeshaalee mana keessaa wantoota adda addaan fakkeessuun, namoota wantoota adda addaan bakka buusuu, haasaa namootaa wajjin akka waan haasa'aa jirtu fakkeessuufi gochaalee adda addaa akka raawwachaa jirtutti akkeessuun taphataa turte. Kunimmoo ijoolleen raawwiilee ga'eeyyiin jiruufi jireenya isaanii keessatti raawwataniifi meeshaalee isaan gargaaraman akka jiruun utuu hinfudhatin wantoota naannoo isaaniitti argamaniifi ga'eeyyiin dhimma itti hinbaane fayyadamuun raawwilee sana karaa ofiisaanii akka isaaniif ta'utti akka raawwatan agarsiisa. Taphni kun bu'uura jireenya hawaasummaa ga'eeyyiin jiraataniitiinis jireenya hawaasummaa ofiisaanii akka waliin uummata agarsiisa. Kanaaf, ijoolleen qofaa isaaniitti akka namoota biroo waliin jiraniifi wantoota

hojjetaniifi itti hojjetan akka waan harkaa qabanitti fakkeessanii qofaasaanii taphachuun hojii hojjetamuufi jireenya hawaasummaa jiraatamu karaa ofiisaanii agarsiisu nidanda'u jechuudha.

**B. Cirrii Adamsuu**

Ijoolleen bakka tikaatti qofaa isaaniittis gareenis Cirrii adamsuun taphachuu danda'u. Keessumaa ijoolleen qofaatti horii tiksan nama wajjin taphatan waan hinqabneef, amantaa "cirrii yoo ajjeesan durba fedhan kamiyyuu fuudhuu dandeenya" qabaachuun dabalataanis mukuu qofummaarraa dhufu mo'achuuf tapha kana baay'inaan nitaphatu. Dhimma kana daawwannaa aanaa Waayyuu Tuqaa ganda Burqaa Baabbuu bakka tikaa Obbo Danuutti Adoolessa 15fi 16, 2013 taasiseen turtii Gurmeessarraa hubadheera. Daawwannaan taasise keessattis, Gurmeessaan ijoollee kaanii wajjin loon tiksaa erga turee booda waaree waaree booda kaloosaanii keessammoo horii isaanii qofaatti akka tiksu argeen hordofee.

Kaloon Obbo Danuu qarqara lagaa ta'uusaatiin mukeen laga sana jiranirra sinbirroota gosa baay'eetu jiru. Sinbirroota jiran kana keessaa cirriifi cuquliisni yeroo horiin dhufanii kalootti nam'an baay'atanii barrisanii dhufanii itti makamu. Cuquliisni darbitee darbitee horiirra qubattee qubattee bu'uurraan kan hafe, lafa afaan horii jala yaatee marga afaan isaaniitii harca'u funaannatti. Cirriin garuu yeroo horii mataa urgufanii yookaan eegeen ofirraa ari'an malee kofa kofa isaanii jala, gurraa, ija, qaama bobbaafi hormaataa isaaniirra naannoftee qoqoffaatee madeessitee nyaatti. Gurmeessaan guyyaa lamaan ani wajjin turetti, cirrii baay'inaan dhuftee horiitti nam'itu kana ulee, dhagaafi mungulluun dha'ee ajjeessuutti ko'oomatta. Cuquliisa garuu hintuqu. Horiirrattifi lafatti mungulluun dha'uu yaalee cirriin baqattee yemmuu mukarratti nam'itummoo achirratti rukutee ajjeesuuf dhagaa itti guura. Ammas rukutee ajjeesuu dhabuusaatti abdii hinkutu, horii keessa lo'ee, horii ciisanfaa cina ciisee dhokatee yemmuusheen dhuftee irra qubattu uleen dhahuuf yaala. Yeroo cirriin xiqqoof duraa milqixu ulee yookaan harkaan lafa tumee xiiqeffatee adamsuu itti fufa. Utuma kana godhuu qofummaasaas dagatee cirriinis cuquuliisnis mukatti galanii dhufuu dhiisu. Mallattoo aduun dhihuu ta'uu hubatee taphicha dhaabee horii oofee lagaa baasa. Kunimmoo, cirrii adamsuun tapha ijoolleen bakka hojiitti hojii hojjetan waliin walqabsiisanii qofaa taphachuu danda'an keessaa tokko ta'uu agarsiisa.

**Taphoota Gareen Taphataman**

Gareen taphaa akka argama ijoolleefi gosa taphaatti miseensa xiqqaa lamaa kaasee hanga

miseensa kudhanii oliitti qabaachuu danda'a. Ijoolleen bakka walargan yookaan waliin ta'an hundatti garee uummatanii taphatu. Gareen taphaa kun taphoota tokko tokko keessatti bakka/garee lama yookaan sadiitti kan qoodamu yoota'u, taphoota tokko tokko keessattimmoo miseensonni garee taphaa walumaan ta'anii garee tokko keessatti taphatu. Taphoota ijoolleen gareen taphatan kana akka kanaa gadiitti xiinxaleera.

**A. Faccee**

Facceen maqaa tapha ulee fayyadamuun rukuttaa garee biraarraa aggaamamu faccisuun yookaan qolachuun taphatamu bakka bu'uudha. Ijoolleen tapha kana irra caalaa bakka horii tiksaniifi midhaan eeganitti taphatu. Daawwannaan gaafa 08/06/2013 aanaa Gachii ganda Golee Qorraa bakka midhaan eeguutti taasise keessatti, waaree booda naannoo sa'atii kudhanii Jibriil, Abdoo, Toofiqiifi Bilaal qalameefi jaldeessi naannoo isaan midhaan eeganii waan hinmul'anneef dirree xiqqaa baddaa laga bonee isaanii jirtutti walitti dhufanii faccee taphachuu jalqaban. Garee lamatti walhiranii ulee qaqal'oo babbareedduu qabatanii garee lamatti walhiranii lama lamaan sirbuu jalqaban. Abdoofi Toofiq garee tokko yoo ta'an Jibriilifi Bilaal immoo garee lammaffaadha.

*Abdoo: Haleel jarri keenya qotanii qochiiisuyee*
*Toofiq: Haleeli jarri keenya*
*Abdoo: Gabaa galtu meesuyee*
*Toofiq: Haleeli jarri keenya*
*Abdoo: Lolanii lolchiisuyee*
*Toofiq: Haleelli jarri keenya*
*Abdoo: Namaa gamtu dhiisuyee*
*Toofiq: Haleeli jarri keenya*
*Garee inni lammaffaanimmoo waljalaa qabuu akka armaan gaddiitti sirbu (Jibriiliifi Bilaal)*
*Haleel jarri keenyaa*
*Silaa nan haleelaa*
*Silaa nan sukkumaa*
*Higgii sodaaf malee*
*Haleel jarri keenya jedhu*

Sirba isaanii gamaa gamana bu'anii utaalanii erga ho'ifatanii booda faccee jalqabu. Sirbichaan walkakaasanii wal onnachiisu. "Haleeli jarri keenya" yoo jedhan, garee ofiisaanii garee faallaarraa addatti waamuun qooqa bareedaafi sochii qaamaa fooggala of keessaa qabuun hawwatanii walitti qabuun dhahi irraa inseesin jedhanii kakaasu. "Haleellii qofaa miti ani si duran bu'aa na biraa hinhafin" akka jechuutti "lolanii lolchiisuu" jechuun wal onnachiisu. Karaa gama biraatiin akkuma maqaansaa agarsiisu facceen kaayyoonsaa nama reebuu yookaan miidhuu miti; miidhaa namni yookaan qaamni

biraan namarraan ga'urraa of ittisuudha. Kanas sirba sanaan lolanii lolchiisuun barbaadanii utuu hintaane haalli dirqisiisaan jiraachuu "namaa gamtu dhiisuuree" jechuun agarsiisu. Kunis dhimmi irra darbanii dadhaban jiraachuufi amma sanaa ol dhiisuun roorroo waanta'uuf ofirraa faccisuu yookaan deebisuutti galuu qaban jechuusaanii agarsiisa.

Gareen lammaffaanimmoo ergasaan jedhanii itti cabsi silayyuu sodaa isaaniif mitii sodaa seeraaf/"higgii" malee jedhanii walgootomsaan lolaaf itti dhihaatu. "Higgii' sodaaf harka keessa akka qabatan, akka malee akka hinsukkuumne amma garuu obsa fixatanii sanaa ol deemuuf akka muratan agarsiisa akkaataan dhaadannaasaanii. Faccee yemmuu jalqaban, ulee isaanii harka lamaaniin gidduu keessa qabatanii hanga walmo'atanitti utaalaa, garmaamaa, miliqaa, garasii garana, fuulduraafi boodatti deemaa walfaccisaa waldhaanu. Yemmuu faccisan irra caalaa mataa ofii tikfatu. Yemmuu namni tokko isa kan biraa rukutuuf aggaamu, inni itti aggaamame infaccisa. Gareen isaammoo namicha rukutuu aggaame sana rukutanii irraa deebisuuf yaalu. Ammas gareen isa sanaammoo irra dhufu. Kanaaf aggaammiin kallattii garaagaraan akkuma dhufu faccisuunis kallattii adda addaan deema jechuudha.

Mariin garee maaguddoota aanaa Gachii ganda Golee Qorraa waliin gaafa 10/06/2013 keessatti Obbo Buraayyuun ijoolleen tapha faccee keessatti shaakala yookaan leenjii lolaa akka taasiftu himan. Ijoolleen umrii adda addaarra jiran akka humna isaaniitti ulee qaqalloo yookaan hoffaa boqolloo yookaan bisingaatiin walfaccifti. Akka walhinmiineef hoffaan walfaccisu. Warri jajjaboonimmoo ulee fayyadamu. Walumaagalatti ijoolleen bakka tikaafi midhaan eeguutti gareen wal hiranii hoffaa yookaan ulee qaqalloo fayyadamuun sirbaan walkakaasanii miira lolaa fiduu, lola keessa seenaniin of yookaan walittisuu shaakalu.

**B. Ya Gogorrii Eessa Dhaqxa?**

Taphni "Ya gogorrii eessa dhaqxaa?" jedhu taphoota ijoolleen galgala galgala taphatan keessaa tokkodha. Taphicha nama lamatu bifa gaaffiifi deebiin taphata; warreen kaan dhaggeeffachaa dabaree eeggatu. Ijoollee lamaan taphicha taphatan keessaa tokko akka namaa ta'ee gaafata, inni biraanimmoo gogorrii ta'eetu gaaffii namni gaafatuuf deebii kenna. As keessatti ijoolleen qooda qaama biraa fudhatanii taphatu jechuudha. Tapha aanaa Najjoo ganda Yaakkoo Alaltuu mana obbo Addaamuutti gaafa 25/09/2013 galgala utuu ijoolleen nama lama lamaan wal harkaa fuudhanii taphatanii daawwadheera. Gaaffiifi deebiin taphichi ittiin adeemsifamu dheeraa

ta'uusaarraan kan ka'e carraan guutummaatti utuu hindogoggoriin gaafataniis ta'e deebisanii xumuruu dhibuu danda'a. Kanaaf namni utuu gaafatuu tartiiba gaaffii gaafatamuu dogoggore yookaan deebii gaaffii gaafatamee dogoggore mo'amee taphicha keessaa ba'ee namni biraa bakka bu'a. Tapha guyyaa sana Abdiisaafi Lalisee gidduutti taasifamee utuu hindogoggoriin xumurame kan kanaa gadii kana.

*Abdiisaa: ya gogorrii eessa dhaqxa?*
*Lalisee: gammoojjiittin galan jedhe*
*Abdiisaa: gammoojjii maal qabdan jedhe*
*Lalisee: bisingaa isa okkoon jedhe*
*Xaafii isa ija morgoon jedhe*
*Abdiisaa: eenyuukee sii qoten jedhe*
*Lalisee: ijoolleenkoo jirtin jedhe. Saddeet dhaleen tokko keessaa dhaben jedhe. Ammas dhaluun dhaqan jedhe*
*Abdiisaa: eessatti dhaltareen jedhe*
*Lalisee: hudduu agamsaa jalan jedhe*
*Abdiisaa: si hinwawwaraanureen jedhe*
*Lalisee: kalleen leencaa jiran jedhe*
*Abdiisaa: hinbabbaqaaqureen jedhe*
*Lalisee: ani hinhodhaadhureen jedhe*
*Abdiisaa: maaliin hodhattareen jedhe*
*Lalisee: lilmoon bofoo jiran jedhe*
*Abdiisaa: bofo sinnyaatuureen jedhe*
*Lalisee: ani hinajjeesureen jedhe*
*Abdiisaa: maaliin ajjeestareen jedhe*
*Lalisee: uleen incinnii jiran jedhe*
*Abdiisaa: si hincicciniinureen jedhe*
*Lalisee: ani hindhiqadhureen jedhe*
*Abdiisaa: eessatti dhiqattareen jedhe*
*Lalisee: bishaan Baaroo jiran jedhe*
*Abdiisaa: Baaroo sinnyaatureen jedhe*
*Lalisee: ani hinutaaluureen jedhe*
*Abdiisaa: eessatti utaaltareen jedhe*
*Lalisee: gama citaa adiin jedhe*
*Abdiisaa: adi sinyaatureen jedhe*
*Lalisee: Dabaqqaan baaluman jedhe*
*Fiixeen qoraasuman jedhe*
*Kan ormaa jaalalan jedhe*
*Keemmoo muraasuman jedhe*
*Dallansuunkoo diinan jedhe*
*Qurupheen kaachisan jedhe*
*Mucaakoon nyaachisan jedhe*
*Abbaan niitii bareedaa farda dhaabee arreedaa*
*Abbaan niitii godeessaa hordaa dhabee hodeessaa jette misirrittiinoo*.

Tapha kana keessatti ijoolleen walaloo dheeraa qalbiitti qabatanii utuu hindogoggoriin jechuu shaakalu. Yoo dogoggoran taphicha keessaa baasee bakka bu'uuf taa'ee namni eeggatu waan jiruuf taphicha keessaa ba'uu hafuuf utuu hindogoggorin xumuruuf carraaqu. Kunimmoo gareen taphachuun miira dorgommii isaan keessatti uumee xiiqeffatanii akka taphatan yookaan hojjetan isaan godha. Amala qooda nama yookaan qaama biraa taphachuun horachuun argaa yaadaa (imagination) gabbifachuu isaan dandeessisa. Kanaan

ijoolleen tapha gareen taphatan keessatti amala waldanda'uu, miira dorgommiifi seexaa akka horatan hubachuun nidanda'ama.

**Akkaataa Ijaarrannaa Garee**

Taphoota ijoolleen waliin ta'uun taphatan, garee tokko keessatti yookaan garee lamaafi sadiitti walhiranii bifa dorgommiin adeemsifamuu danda'u. Taphoota gareen taphataman taphachuuf jalqaba gareetu ijaarama. Miseensonni garee adda addaatti qoodamanii waliin dorgomaa taphatan filannoorratti hundaa'uun garee ijaarratu. Filannoon kunimmoo fedha nama tapha jalqabsiisuu, carraa yookaan ulaagaa naannoo jireenya ijoolleetiin ta'uu danda'a. Filannoon miseensa garee kun ulaagaa bakka jireenyaarraa kan hafee ofuma isaatiiyyuu taphadha. Taphni garee taphaa itti ijaaran jira jechuudha. Tapha sanarraa gara tapha kanbiraa garee gidduutti adeemsifamuutti ce'ama.

**A. Filannoo Garee Fedha Nama Tapha Jalqabsiisuun**

Ijoolleen bakka walarganitti isaan keessa namni tokko tapha wayii akka jalqabaniif yaada dhiheessuu danda'a. Kanuma faana nama wajjiin taphatu filatee jalqaba. Tapha filannoon kunittiin adeemsifamu keessaa tokko tapha "kaakkaa" jedhamudha. Akkaataa kanaan garee ijaaramu gaafa 13/02/2013 waaree booda naannoo sa'a kudhanii bakka taphaa magaalaa Giddaa ganda 01 keessa jirutti tapha ijoolleen walitti yaa'anii taphatan keessatti daawwadheera. Ijoolleen kun akkuma dhufaniin walitti nam'anii wacuu jalqabu. Gidduutti Naatinaa'el ijoollee keessaa "kaakkaa" jedhe. Warreen isaa wajjin dhaabbatan jalaa qabuun bifa faaruun taphni itti fufe. Faaruu sunis kan kanaa gadiiti.

*Naatinaa'el: kaakkaa*
*Garee ijoollee: ati eenyuu?*
*Naatinaa'el: ani keessummaa*
*Garee ijoollee: eessaa dhuftaa*
*Naatinaa'el: Finfinneerraa*
*Garee ijoollee: maal hojjechuu?*
*Naatinaa'el: sirbaa sirbuu*
*Garee ijoollee: eenyuu wajjin*
*Naatinaa'el: Jireenyaa wajjin*

Ijoollee wajjin jiraniifi faaruu sana jalaa qabaa jiran keessaa Jireenyaa filatee warri kaan tataa'anii inniifi Jireenyaan fuuldura dhaabbatan. Achii booda Naatinaa'eliifi Jireenyaan walmaddii miilla tokko tokko rarraasanii quqquruphisuudhaan tapha kan biraa jalqaban. Naatinaa'el Jireenyaan hunda keessaa xiqqaa waan ta'eef dorgommicha mo'achuu barbaadee waan filate fakkaata. Dorgommichaan ijoollee lamaan keessaa namni dursee dadhabee miillasaa buuse ni mo'ama. Ijoollee daawwattootnimmoo dabaree dabaree maqaa ijoollee lamaanuu dhahanii

“jabaadhu jabaadhuu dammaafi aannankee dhugdaa” jedhanii jajjabeessu. Naatinaa’eeliifi Jireenyaan miilla tokko tokko u’utaaluu itti fufa. Yeroo u’utaalan kana gidduu gidduutti walitti siqanii ceekuun waldaddarbatu. Walmo’uuf darbatanii miilla rarra’ee jiruun lafa waltuqisiisuu yaalu. Daawwattoonnimmoo altokko “Jireenyaa jabaadhu jabaadhuu, dammaafi aannankee dhugdaa” jedhu. Itti aansuunimmoo “Naati jabaadhu jabaadhuu dammaafi aannankee dhugdaa” jedhu.

Tapha kana keessatti mucaan tokko mucaa waliin taphatu fedha ofiisaarratti hunda’ee, tarii dandeettii taphaa laafaa nama qabu filachuun taphicha keessa turuuf, walitti dhiheenya wajjin qaburraa carraa kennuufin filatee taphachuu danda’a. Mirga kana kan argates keessummaa fagootii (Finfinneetii) kan dhufe ta’uusaatiini. Akka Oromoo Maccaatti keessummaan dursa argata. Kanaaf ijoolleen jalqaba keessummaa ta’uusaatiin dursaafi mirga nama wajjin sirbu/taphatu filachuu kennaniif. Akkaataan filannoo kanaas ofuma isaan tapha mataasaa danada’e ta’ee ijoollee gara taphaatti kan hawwatudha.

**B. Filannoo Bifa Carraatiin**

Garee taphaa ijaarrachuu keessatti ijoolleen garee bakka bu’anii miseensota kanbiroo tapha keessatti hirmaatan kaka’umsa ofiisaaniitiin filatan nijiru. Gareen tapha waliin taphatu lama yookaan sadii ta’uu danda’a. Ijoolleen garee sana bakka bu’anii miseensota garee taphaa filachuuf qophaa’anis lama yookaan sadii ta’u jechuudha. Yeroo tokko tokko ijoolleen garee filachuuf waliin dhaabbatan mallattoo wayiin bakka of buusanii mallattoon kam eenyuun akka bakka bu’u utuu hinbeeksisin ijoolleen gareetti qoodamuuf dhufan achi keessaa akka filatan taasifamu. Warri filachiisan mallatticha iccitiin waliigalanii walii kennu. Ijoolleen mallattoolee dhihaataniif keessaa yemmuu filatan abbaa mallattichaa jalatti miseensa ta’uun garee ijaaru. Yeroo mallattoo tokko kan eenyuu akka ta’e ijoolleen filatan baraa deeman warri filachiisan sun ammas iccitiin mallattoolee biraa waliif kennu.

Fakkeenyaaf daawwannaa gaafa 15/02/2013 bakka taphaa magaalaa Giddaa ganda 01 keessa jirutti taasise keessatti akkaataa tapha Taraa Taraa jedhuun garee uummachuuf jalqabarratti Naatinaa’el muuziin, Naatoliinnimmoo burtukaanaan bakka of buusanii of waamaa turan. Ijoolleen gareetti Naatinaa’eliifi Naatoliitti hiramuuf deemaanimmoo toora tokkoon hiriiranii jiru. Ijoollee hiriiran fuuldura Naatinaa’eliifi Naatoliin gamaa gamanaa harka lamaanin diriirfatanii walqabanii dhaabbatu. Ijoollee hiriiranii jiran sana faaruu “taraa taraa” jedhuun lakkaa’aa daddabarsanii kan faaruun sun irratti raawwateen wanta bakka of buusan sana keessaa maal akka jaallatu gaafatanii

gareenni jalatti ijaaramuu qabu adda baasu. Faaruun isaan ittiin gaalee yookaan jecha tokko jedhanii nama tokko harka walqabanii jiran gidduu ijoollee lakkaa'anii dabarsaafi dhaabaa deeman "taraa taraa, maskaram, maskaram gultii, keremellaa, keremellaa, geendoo, meseendoo, irooppii, arbii, qidaamee, maskaram huleet" kan jedhuudha. Mucaan irratti "maskaram huleet" jedhame dhaabbatee filannoowwan dhihaataniif keessaa akka filatu ta'a. Maal akka jaallatu filachuun eenyu jalatti akka ramadamu erga adda ba'ee booda hiriira sana keessaa ba'ee dhaqee ijoollee lamaan keessa abbaa filate duuba dhaabbata.

Ijoollee miseensummaan garee Naatinaa'eliifi Naatolitti filatamuuf dhaabbataniif gaaffii "muuziimoo burtukaana jaallatta?" jedhutu Naatinaa'eliifi Naatoliin dhihaateef. Kan muuziin jaalladha jedhe garee Naatinaa'el ta'ee isa bira gora, kan burtukaanan jaalladha jedhemmoo garee Naatolii ta'ee isa bira gora. Akka filannoosaaniitti bakka filannoosaanitti miseensa garee ta'anii ijaaramu jechuudha. Adeemsa kana keessa maaltu eenyuun akka bakka bu'u ijoolleen tilmaamanii gara fedhanitti akka hingorreef ijoolleen lamaan gidduu gidduutti achi fagaatanii mari'atanii wanta ittiin walwaaman yookaan bakka of buusan jijjiirratanii deebi'u. Adeemsi kun hanga ijoolleen sun hundi garee lamaanitti qoodamanii dhumanitti itti fufa.

Tooftaan kun ijoolleen garee yemmuu uummatan akka loogii hinuumneefi gareen uumamu humnaafi baay'inaan akka walmadaaluuf gargaara. Adeemsa kana keessatti jalqabarratti, ijoollee taphaaf qophaa'an keessaa ijoolleen ciccimoofi collee ta'an lamatu filatamee warreen kaan of jalatti ijaaruuf ijoollee filata. Ijoolleen filataman kun lamaan guddinaan, beekumsa tapha taphatamu sanaan, umriifi jaalala warreen biraa biratti qabaniin kan walmadaalan ta'uu qabu. Wantootni ijoolleen kun ittiin bakka of buusanii warreen kaan keessaa akka filataniif waamaniif wantoota ijoolleen nyaachuufi qabaachuu jaallattu keessaati. Kunimmoo wantoota muuxannoo isaanii waliin walqabatan yaadaa yookaan gargaaramuun akka taphatan agarsiisa. Walumaagalatti, ijoolleen filannoo dhihaateef keessaa waamanii kan carraan irra isaan buusetti miseensa ta'anii ijaaramu jechuudha.

**A. Ulaagaa Bakka Jireenyaatiin**

Gareen taphaa walitti dhiheenya bakka jireenya ijoolleerratti hundaa'uun ijaaramuu danda'a. Ijoolleen mana barumsaa oolan bakkeen/gandoota adda addaarraa walitti dhufu. Gandoota bakka jireenya isaanii kanarratti hunda'uun garee taphaa ijaarratanii taphootni isaan taphatan, keessumaa taphootni

bifa dorgommii nijiraatu. Daawwannaa tapha ijoolleen mana barumsaa sadarkaa tokkoffaa Burqaa Baabbuu yeroo boqonnaasaanii taphatanirratti gaafa 11/11/2013 taasiseen tapha faccee taphachuuf bifa kanaan garee ijaarrataa turan. Fagoorraa maqaa walii waamanii ulee qiqqixeeffatu. Warreen walwaamanii garee tokkoon socho'aa jiran warreen kan biroo walwaamaanii garee kanbiraa ijaaruun qophaa jiran wajjin "Amman sii godhaa, Amma sirraa galchina…" jedhanii walitti dhaadatu. "Isin eenyu? Akkamitti walijaartan?" jedhee gaaffiin gaafadheen gareen lamaanuu ganda adda addaa lama kallattii faallaa walii jiranirraan hubadhe. Kanaaf gareen taphaa qubsuma yookaan bakka jireenya ijoolleerratti hundaa'ee ijaaramuu danda'a jechuudha.

**Akkaataa Jalqabbii Taphaa**

Ijoolleen tapha akkaataa adda addaan jalqabu. Bakkeen adda addaatti yemmuu walargan walitti deemuun walbira dhaqu yookaan wal waamu. Erga walbira ga'anii "maal taphannu?" jedhanii walgaafachuu yookaan namni tokko tasuma tapha wayii yemmuu jalqabu warri kaan faana bu'uu danda'u. Marii garee xiyyeeffataa jaarsolii aanaa Haratoo waliin gaafa 4/11/2013 geggeeserraa hojii ijoolleen hojjetaa jiran tapha wayii akka jalqaban/taphatan akka isaan dirqisiisu hubadheera. Fakkeenyaaf ijoolleen horii tiksan horii bishaan obaasuu yeroo geessaniifi deebisan, aduun dhihee yeroo horii oofanii galan horii faarfataa deemu. Horii gara malkaatti geessuufi deebisuuf, akkasumas qe'eetti galchuuf oofanii ka'uun faaruulee sana waliin walqabatan faarfachuu jalqabuuf sababa ta'a jechuudha.

Bifuma walfakkaatuun galgala galgala ga'eeyyiin oolmaa isaaniifi dhimmoota adda addaa yemmuu haasa'an ijoolleen tapha isaanii jalqabu. Mana Obbo Addaamuu Galataatti gaafa 08/08/2013 Abdiisaan Lalisee, Eebbisee, leenseefi Waaqtolaan dhufanii tetteenyaan "Hibboo" jedhe utuu nama tokkotti homaa hindubbatiin. Isaanis walga'anii "Hiphi" jedhan. Sanumaan tapha itti fufan. Kunis kan agarsiisu ijoolleen tapha jalqabuuf maree/eyyama walii yeroon hinbarbaanne akka jiruudha. Abdiisaan "Hibboo" yemmuu jedhu gama tokkoon tapha hibboo taphanna jechuusaa yemmuu ta'u gama biraatiinimmoo anatu jalqaba/dursa fudhata jechuusaati. Marii garee aanaa Haratootti jaarsolii waliin taasise keessatti Obbo Gaarummaan akkaataa jalqabbii tapha ijoolleen galgala bakka ga'eeyyiin jiranitti taphatan ilaalchisanii "Galgalli yeroo ijoolleeti. Guyyaa hojii keessa ooltee galgala teessee tapha jalqabdi. Namni "Maaliif taphatta?" jedhuun hinjiru. Taphattee mukuu baatee mukuu nama baasti. Taphachaa waarii dheereffatee irbaata eeggattee nyaattee

rafti. Abbuma barbaadetu (ijoollee keessaa) tapha barbaade jalqaba. Kanaaf, taphni fedhii nama tokkoon jalqabamee taphatamuu danda'a jechuudha. Warri kaanimmoo isa hordofanii taphichatti makamu.

Taphoota tokko tokko keessattimmoo, maqaa tapha taphachuu barbaadanii dhahuun kanneen taphachuu hinbarbaadnes dirqisiisanii hirmaachisuun tapha waliin eegalunis baramaadha. Kana jechuun tapha mucaan tokko yookaan gareen tokko taphachuu barbaade kanneen biraan isaan waliin jiranis yoo taphachuu hinbarbaanne ta'ellee taphachuuf nidirqamu jechuudha. Kan dirqisiisummoo sodaa arrabsoo taphachuu yoo didan arrabsamaniiti. Daawwannaa gaafa 02/08/2013 aanaa Najjoo ganda Yaakkoo Alaltuu dachaa tikaa laga Alaltuutti taasiseen tapha loosoo ijoolleen horii tiksaa nama ja'a ta'anii taphatan hordofeera.

Ijoolleen kun kara karaa horii isaanii walitti yaasanii lakkoofsi isaanii dabalaa akka dhufeen "Loosoo, loosoo" jechuun taphichatti wal waamuu jalqaban. Kottaa loosoo taphannaa jechuu isaaniiti. Achii hunduu uleesaa fudhatee dhufe. Hunduu uleesaa mirmirsaa "Qixoo, qixoo" jechaa asiifi achi fiiga. Ulee keessan fidaa walqixxeessinee kan eenyuu akka caalu barraa jechuusaaniiti. Yeroo kana warri gabaabina ulee isaaniirraa kan ka'e "Mo'amuun danda'a" jedhanii shakkan niseesan. Warri kaanimmoo walfaana, "Qixoo qixa niitii isheen didde niiti" jedhu. Warreen seesan keessaa muraasni 'niitii' jedhamuu jibba dhufanii ulee qixxeeffachuu jalqaban. Ammas warra hafan "Qixoo qixan ballaa ishee didde insalla" jedhanii yemmuu sodaachisan hunduu dhufanii ulee safarachuu jalqabani. Haalaan kanaan ijoolleen horii yaafatanii dhufan ja'anuu akka walcaalmaa dheerina uleesaaniitiin dabaree ulee darbatanii loosoo taphachuu jalqaban.

Ga'eeyyiinis ta'e jedhanii itti yaadanii tapha barbaadan ijoollee jalqabsiisuu danda'u. Keesumaa bakka ijoolleen baay'atanii jiranitti ga'eeyyiin yoo argaman ijoolleen tapha wayii akka taphatan gochuun gocha ijoolleen taphicha keessatti godhaniin bashannanu. Yookaan ijoolleen ga'umsa wayii, fakkeenyaaf jabeenya qaamaa, jagnummaafaa akka horatan gargaaruuf itti yaadanii yeroosaan tapha wayii eegalsiisan nijira. Taphni akkasii kaka'umsa ga'eeyyiirraa dhufa jechuudha. As keessatti ga'eeyyiin taphicha jalqabsiisuu qofa utuu hintaane adeemsa taphichaas into'atu.

Adoolessa 15, 2013 aanaa Waayyuu Tuqaa ganda Burqaa Baabbuu keessatti ijoollee horii walitti yaafatanii tiksan utuun daawwachaa jiruu Addisuu dargageessi jedhamu dhufee ijoollee walari'anii taphachaa jiraaniin

“Ijoollee maal hudduu darbattu horii gara margaa hingeessitanii?” jedhe. Ijoolleen walga’anii “Kunoo dheedaa jiru mitii?” jedhan. Achumaan ijoolleerraa xiqqoo siqee taa’ee ka’ee gara ijoolleetti deemee “Kottaamee as garakoo” jedhee ijoollee waamnaan ijoolleen garasaa dhaqan. “Daanyeefi Eebbaan as dhaabbadhaa” jedhee gidduu isaaniitti fageenya akka meetira tokkoo ta’u hambisee walitti garagalchee dhaabe. Achii booda gidduu isaaniitti lafatti hancufa guddaa akka mul’atutti tufee “Abba kana balleessu” jedhee irraa siqe. Eebbaan ariifatee hancuficharra ejjetee lafatti sukkume. Yeroo Eebbaan hancuficha balleessu Addisuun gara Daanyee ilaalee “Utuuti sodaattee dhaabbattee ilaaltuu lafatti si sukkume, dhiira miti ati? Amma sodaattee galtaagaa?” jedhe. Ijoolleen dhaabatanii jiranis “Abba mo’u abbaa mo’u” jedhanii dubbii ho’isnaan Daanyeen utaalee Eebbaa qabate. Achumaan wal’aansoo walqabuu jalqaban. Erga isaan baay’ee walgangalchanii booda Addisuun gargar qabee amma akkasumatti lama lamaan ijoollee wal lolchiisuun akka taphatan gochuu itti fufe. Ga’eeyyiin akkasiin yeroo isaan jalqabbii tapha ta’e tokkoof sababa ta’an nijira jechuudha. Maaliif akka akkas godhe Addisuu gaafadheen ture. Innis wal’aansoo yoo walqaban yoo taphatan ijoolleen akka jabaataniifi jagnooman natti hime. Kanaaf ga’eeyyiin itti yaadanii ijoollee tapha ofii barbaadan taphachiisu danda’u jechuudha.

**Akkaataa Taphni ittiin Adeemsifamu**

Taphni ijoollee akkaataa ta’e tokkoon erga eegalee booda, akkaataa adda addaan hirmaattota taphichaatti cecce’aa adeemsifama. Tapha keessatti ijoolleen qooda adda addaa fudhatu. Taphoota qoodni taphaa miseensa gareetii miseensatti cecce’aa taphatamu keessatti qoodni ijoollee: taphicha hogganuu/dursuu (ajajuu, lakkaa’uu, murtii kennuu…), taphachiisuu (jechisiisuu, himuu, gaafachuu, ari’uu, barbaaduu…), raawwachuu/agarsiisuu (wal’aansoo walqabuu, waliin fiiguu, darbachuu, qaama dubbachiisuu/quba cabsuu, taa’anii suuta ka’uu…), tilmaamuu yookaan dagachiisuufaa ta’uu danda’a.

Taphoonni ijoollee Oromoo Maccaa bifa dorgommii qabaachuufi dhabuun beekamu. Taphoota bifa dorgommii keessatti ijoolleen garee nama lamaa keessatti waliisaanii yookaan mucaan tokko qofaa garee ijoollee miseensa tokkoo olqabu waliin yookaan ijoolleen garee adda addaatti wal hiranii kanneen adeemsifamanidha.

Taphoota dorgommii ta’an keessaa tokko tapha ‘Magariisa, Magariisa’ jedhamuudha. As keessatti ijoollee waliin taphatan turan keessaa

namni tokko ijoollee tooraan geengoo uumanii naanna'an maal gochuu akka qaban bifa halluufi lakkoofsaan "Magariisa magariisa, keelloo keelloo, diimaa diimaa, adii adii, tokko tokkoon, lama lamaan, sadi sadiin, afur afurii yookaan shan shaniin," jedhee ajaja. Haaluma kanaan, mucaan taphicha geggeessu "Magariisa, magariisa" yemmuu jedhu ijoolleen geengoo uumanii dhaabbatanii jiran toora geengichaarra naanna'uu jalqabu. Yemmuu mucaan utuu isaan naanna'aa jiranii "Diimaa diimaa" jedhummoo naanna'uu dhiisanii dhaabbachuu qabu. Namni dhaabbachuu dhiisee deemsa itti fufe, gadi taa'e yookaan gadi ciise qabamee gidduu seensifamee teessifama. Taphichaan ala ta'a jechuudha. Ammas marsaa itti aanutti toora geengoo sanaan naanna'uun itti fufee yoo mucaan hogganu sun "Keelloo, keelloo" jedhe ijoolleen hunduu utuma naanna'aa jiranii gadi taa'uu qabu. Namni dafee kana gochuu dadhabee deemsa itti fufe, dhaabbate, yookaan gadi ciise qabamee gidduu seena. Ammas naanna'uun akkuma itti fufetti mucaan hogganu sun "Adii, adii" yoo jedhe ijoolleen toora geengoorra naanna'aa jiran sun lafa gadi ciciisuu qabu. Kan kana gochuu dhabe ammas qabamee gidduu seena. Utuma halluun ajajuu mucichi hogganu sun tasa "nama tokko tokkoo" yoo jedhe utuu naanna'aa jiranii qofa qofa walgad dhiisanii dhaabbachuu qabu. Kana gochuun hafee warri nama lama lamaan, sadi sadiin, afur afuriin yookaan shan shaniin walqabatanii dhaabbatan qabamanii keessa seenu. Akkuma kanaan "Lama lamaan, sadii sadiin, afur afuriin yookaan shan shaniin" ajajni jedhu yeroo kennamu akka jedhameen warrii wal hinqabatiin geengoo sana keessa seenu jechuudha. Mucaan ajaja kennu halluufi lakkoofsa akka ijoolleen itti hinqophoofneef akka barbaade wal keessa waama. Nama ajaja kenname qixaan hinba'in hordofee adda baasuun gidduu kan seensisu mucaa ajaja kennuun taphicha hogganuudha. Ijoolleen akka ajaja kennameefiitti taphachaa jiranis, keessaayyuu warri ajaja kennameef akkaan raawwatan, warra dogoggoranitti wacaa kolfaa "Gidduu gali gidduu gali" jedhanii nama hogganaa jiru sana nama dogoggore adda baasuufi gidduu galchanii teessisuun gargaaru. Kanaaf, ijoolleen ajaja raawwii isaan raawwachuu qaban murteessu fudhatanii akkasiin taphachisaa adeemsisan, murtii namni taphicha hogganu kennu keessatti hirmaachuun adeemsa hoggansa taphichaa tumsu jechuudha.

Ijoolleen ajaja qixaan ba'uu dadhaban toora keessaa ba'aa deemanii taphichi hamma namni tokko hafutti deemamee namni ajaja hunda haalaan dhaggeeffatee utuu hindogoggorin hafe taphicha mo'ata. Namni mo'ate kunis marsaa itti aanutti aangoo taphicha hogganuu

argata. As keessatti mo'ichaaf kan geessisu, mallattummaa halluuwwaaniifi lakkoofsonni sun dhaabbataniif sirriitti adda baasanii beekuufi yaadachuu, akkasumas, ajaja mallattoolee kanaan kennamu hanga dhumaatti dammaqinaan dhaggeeffatanii ariitiin hojiirra oolchuudha.

Akkaataa taphni ittiin adeemsifamu keessaa kanbiraan lakkaa'uudha. Taphoota lakkaa'uun taphataman keessaa tokko ashagaagiroodha. Tapha kana keessatti, ijoolleen tooraan diriirfatanii lafa taa'anii bakka jiranitti isaan keessaa namni tokko ulee xiqqoo qabachuun irra deemee bifa adda addaan miilla isaanii lakkaa'aa taphachiisa. Magaalaa Giddaa Ayyaanaa bakka taphaa ganda 01 keessatti ijoolleen tapha ashagaagiroo utuu taphatanii daawwadheera. Taphicha namni taphachiisu uleen miilla ijoollee tooraan taa'aa jiranii tokko tokkoon tuqaa bifa faaruun "Diimee isa diimee, diime nooraa, nooraa maskooraa, maskoor kuurti, kuurti salaalee, salaaleemboo, leemboo, kuleemboo, kulee aagaa, aagaa besamaanaa waggaa, arattanyaa booqaa, betinishuu maankaa" jechaa marsaa lama miilla ijoollee erga lakkaa'ee miillota dhuma dhumarra tuqaman kaasisee booda marsaa lamaafimmoo faaruu kan biraa fayyadamuun, "Adurreenkoo boossee boossee, ilmaan dhaltee guddifattee, saambaa, saambittii, xiyyitiin, xash jette" jechaa lakkaa'ee miilla dhuma dhuma faaruchaarratti tuqaman kaasisa. Lakkoofsi kun baay'ina ijoolleerratti hundaa'uun yeroo baay'ee irra deddeebi'amuu yookaan irra deddeebii muraasaan xumuramuu danda'a.

Namni dura miillisaa tokko ka'ee ammas yeroo lammaffaaf carraan faaruun sun miillisaa isa lammaffaarratti xumuramu isa yoo qaqqabe miilla isa lammaffaa kanas akka dachaafatu ta'ee, tooricha keessaa ba'ee achi siqee taa'a. Bifuma walfakkaatuun warrii faaruun sun yeroo lama irratti dhumee miilla lamaanuu akka dachaafatan taasifaman dhaqaanii isa dura ba'ee boodaan hiriiraan taa'aa deemu. Yeroo hundisaanii ka'anii dhuman mucaan taphachiisaa jiru dhaqee fuuldurasaanii goree ulee sana harka tokkoon fiixee gamtokkoo harka isa biraanimmoo fiixee gambiraa qabee tokko tokkoon fuuldurasaanitiin itti qabee "Ashagaagiroo" jedha. Mucaan itti qabamaa jirummoo "Maanye, maanyee" jedhee deebisaaf. Mucaan taphachiisu sun ulee dura qabaa jiruun aariitii ittiin ka'u to'achaa "Suuta jedhii olka'i" jedha. Abbaa suuta jedhee utuu hinraafamin, hinariifatiniif qaamni (dugdi yookaan jilbi) isaa utuu sagalee hindhageessisin olka'eef maqaa gaarii (fakkeenyaaf, leenca, faranjii, korma, xiyaarafaa) moggaaseefii dabarsa. Abbaan dabaree sunis maqaa isaa malu fudhatee tooricharraa diidatti ba'a. Warra

akkaataan ka'iisasaanii baay'ee gaariis baay'ee yaraas hintaaneefimmoo maqaa fooyyee qabu (dibicha, hoolaa, Qalbeessaafaa) kenneefii dabarsa. Warran dafanii ka'uu dadhaban, lafa qabatanii ka'an, kufan yookaan qaamnisaanii dubbateefimmoo maqaa fokkisaa (hantuuta, hindaaqqoo, jaarsa/jaartiifaa) kenneefii dabarsa.

Taphni kun ijoolleen tapha keessatti akkaataa lakkoofsa ofiisaanii, kan ga'eeyyiirraa adda ta'e fayyadamanii akka taphatan agarsiisa. Wanti isaan jedhanii lakka'an hiika kan hinqabne ta'ee utuu adda hinkutin yookaan hindogoggorin lakkaa'uuf akka gargaarutti bifa faaruu kan qabuufi lakkoofsonni sun (jechi yookaan gaaleen jedhanii miilla lakkaa'anii dabarsan) walqabatiinsa yookaan walitti fufiinsa yookaan walirratti ijaarama wayiin kan deemuudha. Lakkoofsi ijoolleen fayyadaman kun baay'ina adda baasuuf utuu hintaane, bifa bashannansiisaa ta'een (bifa faaruutiin) lakkaa'anii ijoollee tapha keessatti hirmaataniif duraa duubummaa isaan ittiin dorgommiif dhihaatan (namni dura deemee dura taa'e dursee ashagaagiroo gaafatama) yookaan qooda isaanii fudhatan (fakkeenyaaf ari'uu yookaan ari'amuu) murteessuuf itti dhimma ba'u.

Taphootni tokko tokkommoo, nama mo'ame murteessuufi adabbii dabarsuun beekamu. Fakkeenyaaf, tapha "Jimmaa Jimmitee" jedhamu taphachuu keessatti mucaa taphicha taphachiisu ijoollee wajjin taphachaa jiru keessaa namni dursee dubbate yookaan kolfe adda baasuun adabbii dursee himeen akka adabamu murteessuun warra kaan itti kolfisiisa. Mucaan taphachiisu "Jimmaa jimmitee?" jedhee ijoollee isa waliin taphachaa jiran gaafata. Isaanimmoo walfaana "Jijim" jedhu. Mucaan taphachiisu akkuma ijoolleen "Jijim" jedhanii jalaa qabaa deemaniin "Madaa waraabessaa, harree, saree…" jedhee madaa bineensota hanga danda'e tarreessee yemmuu fixu "kukuluu amma indaanqoonkoo baarii geessee deebitutti namni dubbate madaa guboo 50, 100, 1000… nyaata" jechuun qoqqoobbii kaa'a. Achii booda nama miira callisaa keessa turuu dadhabee dubbatu eegee dubbachuusaa mirkaneessee adabbii kaa'ame irratti dabarsa. Kanaaf taphichi waliigaltee tolfachuufi waliigaltee sanatti/callisuutti waliigaluufi dhiisuu "Jimmaa Jimmitee" jedhanii gaafachuufi callisaan turuutti waliigaluu, waliigalteen kun yoo diigame wanta ta'u, madaa bineensotaa nyaachuu, madicha tarreessuun waliigalteen sun akka eegamu gaafachaa deemuu, "Jijim" jedhaa jalaa qabuun mirkaneessun adeemsifama. Waliigaltee tolfame eeguu dadhabee nama mo'ametti adabbii murtaa'ee (madaa hammaan baay'ee dursee murtaa'e) nyaachuusaatti

kolfanii bashannaanaa taphatu. Taphni Jimmaa Jimmitee haala dirqisiisaa dubbiif nama afeeru kamiyyuu keessatti callisanii turuu danda'uu waldorgomuun taphatama jechuudha.

Jechoota, gaaleewwaan yookaan himoota sirriitti dhaggeeffatanii aariitiin dogoggora malee jechuun/waamuun taphachuunis akkaataa taphni ittii adeemsifamu keessaa tokko. Daawwaannaa gaafa 11/08/2013 galgala aanaa Najjoo ganda Yaakkoo Alaltuutti tapha ijoolleen Obbo Sirriqaa manasaaaniitti taphatan keessatti tokko himoota daddafanii jechuuf nama rakkisan waljechisiisuun dogoggora waliitti kolfaa kan taphataman turaniiru. Jalqaba Kumeen Bantiidhaan mee ariifadhuutii "Kanan hinjenne jedhe hinjedhu jette kanaan jedhu jette naan haajedhu hinjennen jedhaa" jette. Bantiin durumaa taphicha waan beeku bifa fakkaatuun suuta tokko tokkoon of eeggatee jechuu jalqabnaan Kumeen "Lakki, hinta'u daddafii" jedhi jette. Daddafee jechuuf yeroo yaalu wantanni jedhu tokkoyyuu dhagaa'amuu didnaan hunduu itti kolfe. Utumaa himoota kanaafi kana fakkaataanin walsardaa taphatanii Abdiin "Kottaaboo oduu durii walitti himnaa" jennaan ijoolleen hundinuu walga'anii nutti himika jedhan. Achumaan oduu durii adda addaa walharkaa fudhanii walitti himuu jalqaban. Yeroo namni tokko himu inni kan biraanis kan ofiisaa qopheeffatee himee dhaggeeffatamuuf dorgomaa ture. Kunimmoo ijoolleen akkuma oduu durii dhaggeeffachuu barbaadan himuus akka jaallatan agarsiisa. Kanaaf, walharkaa fuudhanii walitti himaa taphatu. As keessatti yeroo dogoggoran wal sirreessaa, yoo irraa kaatan walyaadachiisaa adeemu. Kanarraa taphootni ijoollee daddaffiin walsardaa waljechisiisaa, akkasumas, seenaa himuutiin taphataman akka jiran hubachuun nidanda'ama.

Akkaataa taphni ijoollee ittiin taphatamu kanbiraan gaaffiifi deebiidha. Taphootni bifa gaaffiifi deebiin taphataman gaaffiilee salphaatii hanga walxaxaatti gaafachuun namni gaafatamu odeeffannoo qaburraa, dandeettii xiinxalliifi hubannoo qabu fayyadamuun, tilmaama yookaan carraan deebii yookaan furmaata akka kennuu kanneen gaafataniidha. Fakkeenyaaf, hibboon muuxannoo, odeeffannoo, beekumsaafi dandeettii yaaduu ofii fayyadamanii deebii kennuun taphatama. Hibboonteen immoo gaaffilee waa'ee miseensota hawaasa yookaan maatiilee naannoo keenya jiranii gaafachuunn namni gaafatame dandeettii yaadachuufi adda baasuu fayyadamuun qabu gargaaramee akka deebisuuf kan gaafatamuudha. Taphni kanbiraan bifa gaaffiifi deebiin taphatamu hibboo bifa gaaffii ulfaataan dhihaatuudha. Kunis waa'ee hariiroofi amala namootaa, akkaataa raawwii hojii wayii dhiheessuun

namni gaafatamu dandeettii xiinxallii, dandeettii rakkoo furuufi adeemsa loojikaaawaa fayyadamuun akka furuuf gaafatamuudha.

Sochiin qaamaa akkaataa taphni ijoollee ittiin taphamu keessaa isa ijoodha. Kunis dubbii caalaa gocha ijoolleen dirreerrattifi bakkeen hojii adda addaatti gareefi dhuunfaan ta'uun raawwatanin kan beekamuudha. Taphoota akkasiin adeemsifaman keessatti ijoolleen walari'uu, wal'aansoo walqabuu, waldhokachuufi walbarbaaduu, waldhiituu, utaaluu, walfaccisuu, darboo, bishaan daakuu, wantoota darbatanii waraanuufa'iin taphatu.

Taphoota walari'uun taphataman keessaa tokka 'Asiin na baasii' dha. Akkan daawwanna ijoollee mana barumsaa sadarkaa tokkoffaa Ulaa Jimmaatti gaafa 15/05/2013 yeroo boqonnaa taphatan taasiserraa hubadhetti, ijoolleen baayyatanii nama tokko ari'aa taphatu. Taphicha keessatti, mucaan tokko ijoollee naanna'anii harka walqabachuun geengoo uumanii dhaabbatan gidduu dhaabbataa turee keessaa ba'uuf "Asiin na baasii" jedhee ijoollee jabeessanii harka walqabatanii geengoo uumanii jiran naanna'ee kadhata. Erga kadhatee didamee booda kanneen dagatanii utuu hinjabeessin walqabanii dhaabbatan yeroo argatu harka isaanii haalaan rukutee gargar baasuun fiigee gidduutii ba'a. Yeroo kana hunduu qabuuf faana fiigu. Yoo utuu hinqabamin bakka ka'etti deebi'e nimo'a; ta'uu baannaan nimo'ama. Yoo mo'ame ammas irra deebi'ee taphachiisa. Yoo mo'e nama kanbiraatu bakka bu'a.

As keessatti, jabeessanii harka walqabaa utuu hindagatin karaa ba'aa dhowwachuun, "Asiin na baasii" jedhanii kadhaan dagachiisanii kan dagate adda baafatanii cimsanii rukutuun harka ijoollee walgadhiisisuun ba'uu danda'uun taphicha keessatti gochalee qooda guddaa qabaniidha. Kana malees, mimmiliqaa fiiguun ijoollee baay'ee harkaa ba'uu danda'uuniifi ari'anii qabuu danda'uunis gochaalee sochii qaamaan taphichaa keessatti raawwatamaniidha. Tapha kana keessatti, sochiilee qaamaa kanneen akka mucucaatanii kufuu, walitti bu'uu, walirrattii kukkufuu, walirra ejjechuu, walharkiisuufi waldarbachuutiin miidhaaleen qaqqabuu danda'an akkaataa taphichaatiin walqabatanii kan uumaman ta'uusaaniitiin akka rakkootti ilaalamuu hindanda'an.

Faallaa taphoota ijoollee baay'een mucaa tokko ari'aa taphataniin, mucaatokko ijoollee baay'ee ari'uun taphni adeemsifamuu danda'a. Tapha "Haadha Walee" jedhamu yemmuu taphatan mucaan tokko ijoollee warra kaan "Haadha Walee" jedhee wal faana akka nama tokkootti isaan waamuun taphichi jalqaba.

Isaanis gareen “waleensuu” jedhanii awwaatu. Afgaaffiin ijoollee horii tiksaa aanaa Najjoo ganda Yaakkoo Alaltuutti tapha kana taphatan gaafadherraa mucaan taphicha keessatti warreen kaan gaaffii gaafachuufi ari’uun taphachiisu akka nama karaa deemee refuu galutti kan fudhatamuufi warri kaan immoo ijoollee qe’ee turanitti akka fakkeeffaman hubadheera. Taphicha keessatti, Mucaan gaafatu akka nama qaraa galeetti dida dhaabbatee gaaffiilee inni bifa waliin dubbiin ammanni deemee turetti waa’ee taatee maatii keessatti ta’ee, akka miseensa maatiitti waa’ee qooda/dhaala isaa qoodameefi akkamittiin akka deebi’ee isaanitti makamuu danda’u ijoollee qe’ee turan gaafatee irraa caalaa deebiin isaan kennaniifii arrabsoo ture. Kanarraa kanka’e, mucaan sun jara ari’uu jalqaba. Ariisaa kana keessa warri qabamuu didanii miliqanii yookaan harkaa ba’anii dhufanii manasaa/shee (bakkanni/sheen dhaabatee/tee gaafataa ture/te) galan “Golakee balleessoo” jedhanii utaalanii sirbu. Kan qabamemmoo dabareesaa taphicha taphachiisa. Hunduu yoo miliqanii galanimmoo namuma sanatu itti fufee taphachiisa.

Taphni kun namni tokko ijoollee baay’ee qabuuf ari’uufi warri kaanimmoo ba’uufi miliquuf baqachuun taphatama. Namni ari’u akkasumaan hinari’u. Arrabsoo gaaffii nagaa dhihaateef ijoollee akka deebiitti kennantu nama sana miira keessa galchee dubbii dhala. Kanaaf ariisaafi baqannaan sun sababa qabatamaan ho’ee jabaatee adeemsifama jechuudha.

Waldhokachuufi barbaadanii argachuunis akkaataa ijoolleen itti tapha taphatan keessaa tokko. Tapha akkasii keessatti ijoollee gartokko dhokatanii warri kaan yookaan namni tokko warra dhokate barbaada. Yookaanimmoo kan barbaadu iji isaa hidhamee warra kaan naannoo isaatii barbaada. Taphni “Haadha Jaabanaa” jedhamu, gaafa 12/11/2013 aanaa Waayyuu Tuqaa mana barumsaa Burqaa Baabbuu sadarkaa tokkoffaatti utuu ijoolleen taphatanii daawwadhe dhokatanii barbaachaan taphatama. Jalqaba ijoolleen dirreerratti baala ciranii bifa geengootiin bubbusuun mana jedhanii tolchu. Manichi karaa tokko banaa ta’ee balbala qabaata. Ijoollee keessaa namni tokko fedhiin yookaan filamee/tee ijisaa akka arguu hindandeenyetti hidhamee ala balbalarra huccuu/baala ittiin ijoollee rukutuu danda’u/eessu qabatee/tee dhaabbata/ti. Warri hafan manatti olgalanii dhaabbatu. Achii booda mucaan/mucayyoon iji hidhamee ala dhaabbatu/tu “Haadha Jaabanaa” jedhee/ttee ijoollee mana keessaa waama/ti. Ijoolleen walfaana “Oo” yemmuu jedhan, “Mana naa banaa” jedha/etti. Isaanimmoo deebisanii “Karaa boolla mixii addaan lafa lixii kottu”

jedhu. Balbala sii hinbannu jechuusaaniiti. Yeroo kana suuta jedhe/ttee balbala olseena/ti. Ijoolleen mana keessa jiranimmoo gadi ba'uuf yaalu. Mucaa/mucaayyoon iji hidhame huccuu/baala sanaan jara rukutuuf yaala/ti. Sochii isaan taasisan dhaggeeffatee/tee garasitti socho'uun waan harkaa qabuun/duun rukutuuf asiifi achi faffacaasuun argachuuf yaala/ti. Ijoolleenis caalaatti dhamaasuuf suuta hiixatanii itti bu'anii yookaan "Haadha Jaabanaa" jedhanii waamanii sagalee dhageessisanii baqatu. Mucaan/mucaayyoon sun amma danda'e/eesse huccuu yookaan baala isaan rukutee/tee guba/di, warri kaanimmoo jala miliqanii gadi yaa'u. Taphicha keessatti milkaa'uu kan murteessu utuu ijaan hinilaalin gurraan dhaggeeffatanii barbaadanii tuquu yookaan rukutuu danda'uufi dadhabuudha. Kanaaf, taphichi sagalee yookaan sochii ijoollee dhaga'amu hordofuun akka iji hidhamee jirutti barbaadanii rukutuuf yaaluu adeemsifama jechuudha. Kunimmoo bakka sochii yookaan sagaleen dhageessifamu sirriitti dhageeffatanii qalbeeffachuun tilmaamanii hiixatanii yookaan darbatanii rukutuu barbaada.

**Akkaataa Xumura Taphaa**

Taphoonni ijoolleen taphataman bifa adda addaan xumura argatu. Tokko tokko hojiin tapha sanaaf ka'umsa ta'e yemmuu xumuramu raawwatu. Tokko tokkommoo amala waan adda baasuu waan qabaniif wanti/namni adda ba'uu qabu yeroo adda ba'u xumuramu. Waliigaltee dhabuun ijoollee waliin taphataa jiran gidduutti yemmuu uumamus taphni nidhaabbata. Kana malees, ijoolleen yeroo dheeraa taphachuurraan kanka'e humna fixatanii taphicha itti fufuu dadhabanii dhaabuu danda'u.

Faaruun loonii tapha ijoolleen yeroo horii bishaan oobaasuuf deemaniifi deebisan, akkasumas galgala yeroo gara qe'eetti galcha horii faarfachuun taphataniidha. Taphni kun nama tokkoonis tokkoo oliinis adeemsifamuu danda'a. Irra caalaa garuu qofa qofa horii ofii faarsu. Marii gareen jaarsolii aanaa Haratoo waliin gaafa 4/11/2013 geggeesse ijoolleen loon oofaanii yeroo deeman akka faarfatan deeman agarsiisa. Malkaan ga'anii gara kalootti yemmuu deebisan faaruu sana dhiisanii tapha biraa jalqabu. Yeroo qe'een ga'anii dallaatti galchanis faaruu sun nidhaabbata. Kanaaf faaaruun loonii amma loowwan oofamaa jiran qofaatti kan ijoolleen yookaan tikeen faarsaa deemaniidha jechuudha. Kana jechuunimmoo horii bobbaasuun jalqabbii faaruuf sababa ta'ee bakka dheedichaa yookaan dallaa bultii keessaan ga'uunimmoo xumura faaruu sanaa murteessa jechuudha.

Taphoonni tokko tokko akka tooftaa itti waa/nama tokko raawwatee ofdhoksee adda baasuutti tajaajilu. Fakkeenyaaf, bakka ijoolleen walitti baayyatanii jiranitti namni tokko yoo dhuufuun qabe "Natti kolfu" jedhee waan sodaatuuf akka sagaleensaa hindhagaa'amnetti gadi qabee dhuufa. Yeroo baay'ee yemmuu akkas ta'u ijoolleen wajjin jira fooliisaa dhaga'u. Dhaga'anii hindhiisan eenyu akka dhuufe adda baasu. Erga adda baasanii booda itti qoosu/kolfu. Gaafa 11/11/2013 aanaa Waayyuu Tuqaa mana barumsaa Burqaa Baabbuutti yeroo boqonnaatti ijoollee walii wajjin taphachaa "Ooy, dhuufuu, dhuufuu, eenyutu dhuufe? Eenyu isheen dhuufte?" jedhanii utuu wacanii dhaga'een itti gooree maal akkasaan godhan hordofuu jalqabe. "Eenyuudha dubbadhu abbaan dhuufte" jedhanii ija walitti babaasaa turan. Kaan isaanimmoo "Ani hindhuufne ilaa, ani hindhuufne" jedhanii watwaatu. Kanumaan "Huuba fidaa" jedhe Amaanu'eel. Huuba lafaa fuudhee adda adda ijoolleetti qabsiisuu jalqabe. Yemmuunni itti qabu kan warra kaaniitti qabachuu didee irraa utuu bubbu'uu adda Firaa'olitti yemmuunni suuqu huubichi itti rarra'ee hafe. "Isatu, isatu dhuufe" jedhee hunduu itti sirbee itti kolfuu jalqaban. Taphichis erga "Firaa'oltu dhuufe" jedhame itti kolfanii kanuma xumurame. Firaa'ol garuu hanga dhumaatti akka dhuuficha hindhuufneetti falmee lolaa ture.

Ijoolleen Oromoo Maccaa taphoota taphatan tokko tokko keessatti humna nifayyadamu. Taphoota akkasii keessatti miidhaan muraasni ga'uu yookaan dadhabbiin ijoolleetti dhagaa'amuu danda'a. Yeroo haalli akkasii mudatu yeroofis ta'u ijoollee walitti dallanuu, mufachuu yookaan wal loluu danda'u. Yeroo haalli akkasii uumamu taphichi nidhaabbata jechuudha. Tapha tuulloo gaafa 20/11/2013 aanaa Waayyuu Tuqaa ganda Burqaa Baabbuutti ijoolleen horii tiksan tapha tuulloo isaan taphataa turan haala kanaa xumurame. Tuulloon tapha ijoolleen nama tokko tasa kuffisuun "Tuulloo, tuulloo…" jechaa mucaa kufe jala oolchuun irratti kukkufaa, walkuffisaa walirra tuulamanii taphataniidha. Gaafas Gurmeessan utuu Dabalaan dagatee dhaabbatuu tasa kufisee irra ciisnaan ijoolleen bakka sana jiran "Tuulloo, tuulloo" jechaa dhufanii irra tuulaman. Mucaan jalqaba kufe (Dabalaan) lafatti maxxanee warri kaan irra tuulaman. Dabalaafi ijoolleen isatti aananirra ijoolleen shan yaabbatanii waan jiraniif itti ulfaachuufi qilleensa dhowwachuu isaanirraan kanka'e dhiphatanii hanga iyyuu dadhabanitti ga'an. Keessumaa Dabalaan hunda jala waan jiruuf foqoqee jala ba'uu yaalee dadhabe. Ofirraa garagalchuus yaalee dadhabe. Sanas kanas yaalee dadhabnaan humna qabuun amma danda'u iyye. Gurmeessaan ofiis dhiphatee Dabalaafis garaa laafee mucaan

isatti aanee irra ciisee jiru irraa akka ka'uuf dhiibuu yaalaan gadi qabani. Ammas Dabalaan baay'ee dhiphatee afuuraa cituu gaafa ga'u, Gurmeessaa ofirratti ciniine. Gurmeessaan immoo mucaa isarra ciisee jiru ciniine. Achumaan warri sanaa ol jiran wal daddarbatanii tuullaa sana kuffisan. Dabalaafi Gurmeessaan akka malee wal lolan. Achiimmoo warra kaan arrabsan. Sana booda hunduu wal oodaa gargar deeman. Taphichis achumaan dhaabbate.

Dhiitichoon tapha ijoollee dhiiraa xixiqqoo hanga umrii waggaa kudhanii ga'aniin dirree bal'aa bakka tikaa yookan mana barumsaatti taphatamuudha. Ijoolleen umrii kana keessa jiran wal dhiitanii baay'ee waan wal hinmiineef tapha kana taphatu. Daawwannaa gaafa 12/11/2013 mana barumsaa Burqaa Baabbuutti geggeesseen ijoollee waggaa 7-9 kutaa tokkoofi lama barataan lakkoofsaan ijoollee saddeet garee lamatti walqoodanii fedhaafi miira guutuun utuu dhiitichoo taphatanii daawwadheera. Ijoolleen kun garee garee isaaniitiin walirra goraa/walii tumsaa taphatu. Bakka argatan hunda qusiifi sodaa malee kan wal dhiitan yoo ta'u irra caalaa mudhii gadi wal dhiitu. Yeroo tokko isa kan biraa dhiitee kuffisee irra dhaabbatu garee isa kufee keessaa kan biraan fiigee dhufee dabareesaa dhiitee isa kuffisa. Akka fedhe dhiitamaniyyuu boo'uun hinjiru. Kan dhiitamuu sodaate dafee gadi taa'a. Lafa taa'etti dhiituun hindanda'amu. Yoo namni tokko utuu dhiitamu baqachuu/taa'uu didee dhaabbate, kan biraa kan isarra humna qabu dhufee "Maaliidha ati biyya bulchitaa?, Eenyuun caalte?" jedhee dhufee dhiitee teessisa. Warri jajjaboon asiifi achi fiiganii garee faallaa hunda kan dhidhiitan yoo ta'u, warreen xixiqqaan ammaa ammaa gadi taa'u. Taphichi xumura kan argatu gareen tokko garee dorgomaasaa hunda lafa teessisee yeroo itti marsee dhaabbatuudha. "Taa'i. taa'i gadi" jedhanii lafa teteessisanii tokko tokkorra dhaabbatu. Booji'amtoota godhanii itti marsu. Ammas marsaa kan biraa haaraa godhanii jalqabu. Baay'ee taphatanii namni hundi yookaan garri caalu "Hintaphadhu, nan dadhabe" yoo jedhe taphichi itti fufuu hindanda'u. Kanaaf, baay'ee taphatanii dadhabuunsaanii taphichi akka addaan citu dirqisiisa jechuudha.

**Goolaba**

Ijoolleen hojii hojjetan to'annoo ga'eeyyii jalatti yookaan qofaa isaanii hojjechuu danda'u. To'annoo maatii jalatti yemmuu hojii hojjetan dhimma isaanii isa dhibaarraa fagaachuu waan hindandeenyeef, hojicha hojjechaa bifa ga'eeyyiin "jeequmsa" jedhanii yaadaniin yookaan bakka biraatti ga'eeyyii jalaa miliqanii taphatu. Hojii qofaa isaaniitti akka hojjetaniif kennameef keessatti walii

isaanii wajjin yookaan qofa qofaa hojicha hojjechaa taphatu. Ijoolleen baayyatanii taphachuu jaal'atu. Kanaaf carraa argame hundaan walitti yaa'u. Waliigaluuf yookaan waliin taphachuuf hinrakkatan. Adeemsa waliin taphachuu keessatti warreen tapha taphatamu hinbeekne warra beekanirraa baratu. Hinbeektu jedhamee kan tapharraa dhorkamu hinjiru. Taphataama taphicha bara. Keesumaa warri xixiqqoo warra gurguddaa jala da'atanii ga'umsa yookaan beekumsa taphaa horatu. Taphachaa dogoggoraa gara sirrummaatti dhufu.

Ijoolleen tapha taphatan keessatti akkaataa ijaarrannaa garee, jalqabbii, raawwileefi xumuraa adda addaa qabaatu. Tapha waliin taphatan keessaa warreen bifa dorgommii qaban baay'inaan garee uummachuun taphatu. Gareen kunis bifa adda addaan ijaarama. Akkaataa gareen taphaa ittiin ijaaramu keessaa tokko filannoodha. Ijoollee abbaa barbaadan fillachuun garee wajjin uummachuun dorgommiif qophaa'u. Kana malees, gareen mala carraa ijaaramuu danda'a. Kunis loogii umrii, dandeettii taphaafi walitti dhiheenyaa/jaalala waliin qabanirratti hundaa'ee akka hinuumamne fayyada. Altokko tokko immoo ulaagaaleen adda addaa garee uumamuuf sababa ta'u. ulaagaaleen kunis, walitti dhiheenya naannoo jireenyaa, umriifi qomoo ijoollee fa'i.

Ijoolleen Oromoo Maccaa tapha taphatan keessatti akkaataa jalqabbii adda addaa hordofu. Tapha jalqabuuf mucaan/yyoon tokko gaaffiifi marii miseensa kamiyyuu malee maqaa tapha taphachuu barbaadu/dduu dha'uun "_____ (maqaa tapha taphachuu barbaaduu/dduu) taphanna" jechuun beeksisuun jalqabsiisuu danda'a/eessi. Karaa biraatiinimmoo, maqaa tapha akka taphatamu barbaaduu/dduu waamuun "____ (maqaa tapha taphachuu barbaaduu/dduu) taphannuu?" jechuun gaafachuun taphachuuf fedhii qabaachuufi dhabuu miseensotaa adda baasuun taphichi yookaan taphni biraan akka jalqabamu taasisa/sti.

Ijoolleen waliin bakka tokko jiran tapha wayii taphachuu waldirqisiisuu jalqabuus danda'u. Tapha mucaa/mucaayyoo tokko yookaan gareen tokko akka taphatamu barbaade warri hinbarbaannes haalli itti dirqisiifamanii waliin taphachuu jalqaban jira jechuudha. Kana malees, hojiin ijoolleen hojjetan tapha taphatamuu qabu murteessuu danda'a. Ga'eeyyiinis gama isaaniitiin jalqabbii taphaaf sababa ta'uu danda'u. Bakka ijoolleen itti taphanitti yoo argaman ga'eeyyiin akka taphataniif ijoolleef tapha eeruu danda'u.

Taphni erga jalqabamee booda ijoolleen ga'ee taphaa wal harkaa fudhaa dabareen fuulduratti adeemsisu. Dabareen kun toora taa'umsaa,

mo'uu yookaan mo'amuun, caalmaa meeshaa taphaan, tapha walfakkaataa yaadachuun, sardama yookaan miira taphicha keessatti uumameenfaa fudhatama. Kana malees tapha jalqabame tokko namni tokko wanta lakkaa'amu lakkaa'uun (fakkeenyaaf miilla ijoollee), hogganuu yookaan ajaja kennuun hanga dhumaatti adeemsisa. Taphoonni ijoolleen Oromoo Maccaa taphatan mo'uufi mo'amuu yookaan akkasumaan xumura argachuun kan dorgommii qabuufi hinqabnetti adda ba'a. Taphoonni bifa dorgommii qaban xumurarrattii adabbii bifa adda addaa qabachuun beekamu. Kunis tapha qooda/ga'ee sababa mo'amuutiin dhufu fudhachuu, murtii itti kennamu fudhachuu (tapha keessaa ba'uu…), arrabsamuu yookaan itti kolfamuu, kennaa kennuu, wareega wareeguufaa ta'uu danda'a.

Taphni ijoollee raawwilee adda addaa raawwachuun taphatama. Raawwileen taphaa kunniinis ari'anii qabuu, ari'anii dhiituu, wal'aansoo qabanii kuffisuu, barbaadanii arguu yookaan adda baasuu, faaruu, sirba, gaaffiifi deebii, jechootaafi himoota daddafanii sirriitti waamuu, lakkaa'uun murtii dabarsuu, tilmaamuu fa'i. Kanaaf taphni ijoollee mo'uufi mo'amuun, waan barbaadan arguun yookaan adda baasuun, taphatanii quufuu yookaan taphicha itti fufsiisuuf dadhabuu, aduun dhihuu, yookaan waliigaltee dhabuun waldiiguu ijoolleen waliin taphatanirraa kan ka'e xumura argachuu danda'a.

**Wabiilee**


Bronner, S. J. (1988). *American Children's Folklore*. New York: August House Inc.

Brewer, J. (2000). *Ethnography*. Philadelphia, Buckingham. Open University Press.

Dafaa Jamoo. (1974). *Aadaa Oromoo Wallaggaa*. Aayira. Wallaggaa.

Dorson, R. (1972). *Folklore and Folklife: An Introduction*. Chicago: The University of Chicago Press.

Finnegan, R. (1967). *Limba Stories and Story-Telling*. Oxford: Oxford University Press,

Grider, S. A. (1980). The Study of Children's Folklore. *Western Folklor*e, 39(3), 159-169. Western States Folklore Society. Stable URL:http://www.jstor.org/stable/1499798. Accessed: 29/05/2010 11:33

Hundumaa Dabalii, Taddasaa Jaallataafi Waaqtolaa Waaqjiraa (2023). Yoomessa Taphni Ijoollee Oromoo Maccaa keessatti Taphatamu. *Jornaala Dilbii Qorannoo*, **1(2), 73-97**

James, A. & Prout, A. (1997). *Constructing and Reconstructing Childhood: Contemporary Issues in the Sociological Study of Childhood (eds)*. London & Washington. Falmer Press.

Mwenda, P.W. (2014). *Elements of traditional games of the Gush Community of*

*Kenya*. Unpublished M. Phil.Thesis. Kenyatta University, Kenya.

Norozi, A. S. & Moen, T. (2016). Childhood as a Social Construction. *Journal of Educational and Social Research, 6 (2), 75-80.*

Plastow, M.G. (2015). *WHAT IS A CHILD? Childhood, Psychoanalysis, and Discourse.* New York. Routledge.

Shavit, Z. (1989). *The Concept of Childhood and Children's Folktales- Test Casein Little Red Riding Hood in Dundes*, A. (ed.), The Little Red Riding. The University of Wisconsin Press.

Smith, K. P. (2010). *Children and Play*. Wiley Blackwell.

Sutton-Smith, B., Mechling J., &Johnson.T.W. (1995). *Children's Folklore: A Source Book*. London: Taylor& Francis.

Tadesse, Jaleta (2011). Children as Interpreters of Culture: Producing Meanings from Folktales in Southern Ethiopia. *Journal of Folklore Research* 48 (3): 269–292.

Tadesse, Jaleta (2014). Positive parenting: An ethnographic study of storytelling for socialization of children in Ethiopia. Storytelling, Self, Society 10(2): 15–33.

Tucker, E. (2008). *Children`s Folklore: A Handbook*. New York: Greenwoods Publishing Group.